# NUUTII QEERROO DHA

**MW irraa**

Nuutii dhaamsa qabna

ergaa yeroo ammaa

Iyya bara dheeraa

adaraa ganamaa

Imimman sab bal'aa

bo'ichaa abba biyyaa

Du'aa obboleessa

caba obbolettii

Sarbamuu mirga ofii

samamuu qabeenyaa

Dhabuu beenyaa mirgaa

hiidhamuuf dararaa

Kam himeen kam dhiisa

kam tareen kam ibsaa?

Mee sinan gaafadhaa

..eenyuu na deebisaa?

Eenyuu rafee bulaa

…biyyaa kan hin qabne

Abbaa ormaan bulee…

cunqurfamee,bo'ee

Gadadamee,cabe,colligee..shoollibee

Qe'ee abbaa isaarra

..ormii nyaatee bule

Gabbatee,..furdatee.

.kuukki baasee..kolfe

Abban dachii garuu…

yoo baqataa ta'ee

Bosonni isaa dhibee…

lagni isaa yoo gogee

Murnii bicuun dhuftee…

abba qe'ee yoo taatee

Hongee namtolcheedhan..loowwan isaa dhabee

Keemikalaa warshaan…dhangaan isaa gogee

Lafaa isaa saamamee.

.galtuu nama ta'ee

Daa'imne harkaa laaftee

…haatii warraa boossee

Dhiirumma isaa shakkee…gootumma isaa dhabee

Isaa bara durii..kan yeroo human qabuu

Isaa yaabee bu'uu…isaa kufee ka'uu

Yaadatee Abban bo'ee

..imimman buufatee

Akka inni of dhaabee

Anan maqaa dhaabee

Akka biyyee uffatee

Akka dhagaa cuffatee,

Qarsaa boraafatee

Yeroo natti hime

Ani isaaf haa dhibuu

Ani biyyoo uffaadhee

Ani dhagaa cuffadhee

Qarsaa borafadhee

Inni gootni sunii kan michuun rasaasaa

Firaa fi lammiin isaa Qooda bo'uu tasa

Qeerroon nan kakadhaa qumbii cinineetoo,

Anis gaaran kaadha, barii finiinetoo,

Siifan falmaa ani bakka kee bu'eetoo

Natty hoo'uu hin didnee mannii koo anasii

Naa fudhachuu hin didnee keessi koo kanasii

Barachuu hin dadhabne akkuma namaatti

Man gadi ba'ee iji diida ilaaltee

Kayyoo keen yaadadhee isaa ati mana baatef

Garaan na boora'ee,onneen too na aartee

Wannin nyaadhuus jiraa,akkittan nyaadhusii

Karaan kaadhus jiraa,akkittan kaadhusii

Kottuu nyaadhuu jedhuu…anan ababbaluu

Yoon wanna sana nyaadhee,foon kee natty ta'eet,

Yoon karaa san kaadhee mudoon natti  ba'eet,

Nyaachuu irraa of qusatee,garaan koo beela'e

Miilli koo adabate daandii sun seela'et

Odoon qabuu dhabaa,

Odoon beekuu dabaa

Barnoota koo dhabee.

Hidhaan dararamee…

Anan bakka qabdaa…qerroon kee ga’eera

Qeerron jedhamamii kinoo amma ammaatti

Dhaqee galuu dhabee maqaan himamaatii

Anaf akka osolee holqa dhagaatti galtee

Akka canoo lagaa baala nyaatte bulte

Akka jawwee gannaa biyyoo arrabde malee

Akka gommaa hagabee

Akka weennii inaaffan qabee

Ijji daggalaa laaltee

Qalbiin dukkana kajeeltee

Millii qal’oo keetii..

kan qeerroo bilisumma

gammojjin qajeelte

akka aduun si wade..aduun anan haa waaduu

akka maqaan si bade..kiyyaa illee haa baduu

aduun maaf si guba! Si Qofaa maaf gaadaa

maqaan maaf si badaa

ati mufatte qoodan ijaan arguu
Ati rakkattee yoo halagaan saggu,
Gaafas callaan badee yoo aramaan margu…
Sidura na haa oolchu

Isaaf waadaa gale siifan waadaa kaka;
Saba koo hin nyaadhu jedhe,soba dhugaan makaa!
Sobeetoo abaaree ,abaaree ajjeesaa,
Achumaan kakadhee,kakadheetoo kaasaa,
Itti buufee,sobee dhugaaa fafakkeessaa,
Qerroon si’jjeesse hin jedhu,hin fakkeessu tasa !

Kakuun kee cubbuu,takaallaa natti ta'ee
Abaarreen kee booqaa, addatti na ba'ee,
Eebbi keen a goobsaa,gooba natti fe'ee,
Yaoo kakattu yoosuu akkan sii dhabamu,
Yoo abaartus yoosuu akkan sii qabamu,
Eebbisteetoo yoosuu akka sii himamu !
Qerroo jiraan du'a,jireenyan dhabama,
qeerroon taa'ee yaada yaaddodhaan qabama !

Na amani na dhagayi:ammallee na amani,
Wannin godhu wannin ta'u hunduu siifani !
Dhugaa Gadaa oromoo dhugaa Caffee tumaa,
Kan badesoo nu'I kan balleessesoo numaa !
Dhugaa uumaa ganamaa dhugaa ruuda Walaabuu,
Harki lamaan kan waliitii,waliin ala eenyu qabu !
Dhugaa Caaccuu Kallachaa,dhugaa alangee seeraa!
Kontoma koo dhuma koo,siin calqabeen siin fixaa;
Saba koo dhiiga koo siin baheen siin lixaa !
Amma ati argitutti waan hamoommattee jirtu,
Amma ati goonfattutti waan teechetoo murtu,
Waadaan waadadha;foon koo manatti hin deebtu !
Gateettiin koo hin dadhabu,mudhiin hin seela'u;
Foon koo namoo'atee yaadni koo hin naanna'u !
qeerron manaa bahee waa fiduuf waa kufuu,
Yookaa fidee dhufuu yookis kufee hafuu!
Gedduu kanatti dabni waa uummamtee,
Foon koo na moo'uf lubbuun na cubbamtee,
Yoon jalladha ta'e beekaa irraa goree,
Ekeraan gootota kee lafeen ta'ee qoree,
Irree na haa waraanu akka isa more!
Yookaas:

Qeerroo manaa bahee akkan suma du'u,
Ayyaanni Oromoo ana faana yaa bu'u,
Kanaafis seenaan dhugaa kaa'ee.Risaan ragaa yaa ba'u!
Innii gootni sunii..

Yeroon QEERROO ture…jennan garaan nu booroftee

Abban irraa duunan ..haatii yoo iyyomtee

Obdiin duwwaa ta'ee daggalli ciramee

Albudnii samamee…quxusuun hidhamee

Haatii dhiiraa boosee lafa gangalattee

Ilmoo koo…ilmoo koo…jette yoo maraatte

Eenyutuu callisaa?...eenyutuu…baqataa?

Meeshaa jaba dhabus..dhakaan illee falmataa

Human qabu baasaa…dangaa kabachisaa

Abbaa isaa irraa baree..qabsoo isaa fininsaa

Gabrumma quufa..of beeke of beeksisaa

Eegaa qerroon nuyii….dhaamsa kanan ibsaa

Adaraan dhaammadhaa…fagoottan himaadha.

Qeerroon kaanee jirraa…Addunyaan nu tumsaa

Saba bal'aa oromoo ani sinan tiksa